DEPARTMENT OF EDUCATION

MCA

Odeeffannoo waa'ee Madaallii Waliigalaa Minisotaa (MCAs)



MCA'n maal fa'adha?

Madaalliin Waliigalaa Minnesota (MCAs) madaallii dubbisuu, herreegaa fi saayinsii yoo ta'u galmeen isaas waggaa waggaan adeemsifama. MCA'n Istaandardii Barnootaa Minisootaa bu uura godhachuun, barattoonni kutaa murtaa'e tokko keessa jiran maal akka beekuu qabanii fi maal hojjechuu danda'uu akka qaban kan ibsudha.

MCA eenyutu fudhata?

Barattoonni manneen barnootaa mootummaa fi chaartaraa Minisotaa keessa jiran hundi MCA ni fudhatu. Dubbisuu fi qormaanni herregaa kutaa 3 8 fi mana barumsaa sadarkaa lammaffaa (barattoota kutaa 10) keessatti kennama MCA Dubbisuu fudhachuu, barattoonni kutaa 11ffaa immoo MCA Herregaa fudhatu). Saayinsii MCA barattoota kutaa 5 fi 8 fi kutaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa kan koorsii saayinsii jireenyaa ykn baayoloojii fudhatu.

Barattoonni MCA akkamitti fudhatu?

Barattoonni MCA Dubbisuu, Herregaa, fi Saayinsii toora interneetii irratti fudhatu. Barattoonni tokko tokko kanneen qormaata waraqaaf ulaagaa guutuu qaban Karoora Barnoota Dhuunfaa (IEP) isaanii irratti ykn karoora 504 hundaa'uun qormaata kana fudhachuu danda'u.

Barattoonni maaliif MCA fudhatu?

MCA n waa ee walsimsiisa aanaalee fi manneen barnootaa odeeffannoo walitti qabuuf kaarikulamii fi barsiisa sadarkaa barnootaa mootummaa waliin kan hojiirra ooludha.. Manneen barnootaa odeeffannoo kanatti fayyadamuun kaarikulamii fi meeshaalee deeggarsa barattootaa fooyyessu. Barsiisonni cimina barattoota isaanii adda baasuun akka gaariitti hojjechuudhaan karaalee ogummaalee kana itti barsiisan fooyyessuu danda'u. Barsiisonnis kaarikulamii fi barsiisa istaandaardii irratti hundaa uun waan fooyya'uu qabu ni fooyyessu.

Hirmaannaa MCA keessatti

Hirmaannaan barattootaa MCA keessatti barbaachisaa waan ta'eef mana barumsaa fi aanaa keessaniif carraa kaarikulamii fi qajeelfama isaanii madaaluun barattoonni hundi akka barnoota qulqullina olaanaa qabu argatan ni taasisa. Barattoonni baay'inaan yeroo hirmaatan daataan sirrii ta'e aanaaleen fi manneen barnootaa akkaataa itti fayyadama maallaqaa irratti murtoo odeeffannoo irratti hundaa'e gochuu isaan

Odeeffannoo dabalataa marsariitii MDE irraa argachuu dandeessu
(Barattootaa fi Maatii > Sagantaa fi Inishiyeetiiwwan > Qormaata Guutummaa Naannoo jalatti).